

## DOWNTOWN SEATTLE irraa gara MT. BAKER achiis gara RAINIER BEACH

### KARAA RAINIER AVE S SIRREESSUU FI TAJAJILA ATOOBISII FOYESSUU IRRATTI NU GARGAARAA

Hanga 2021tti, Atoobisni King County Metro Lakkoofsi 7 gara RapidRide-tti ni jijjiirama! Raappiid Raayidiin haaraan kunis karaa Reeniyer Avenuu Saawuzii irra diriiruun iddoo kanniin wal-qunnamsiisa: downtown Seattle, Chinatown-International District, Mt. Baker, fi Rainier Beach. Raappiid Raayidiin karaa Reeniyer kun;

- Attobisoota akka daddafanii fi amanaman gochuun,
- Galgalaafii sanbattaniratti atoobisoota dabaluuun,
- Buufata atoobisoota Raappiid Raayid irratti ifaa foyyessuun, dhufaatii atoobisootaa kalattiin tamsaasuun, fi kkf gochuun, ummata haala gaariin geejjiba.

### RAPIDRIDE GARA RAINIER AVE FIDUUN MAALIIF FEESISE?

Sararri atoobisaa lakk.7 amma jiru namoota 11,000 guyarraa mana barnootootaa, mana jireenyaa fi paarkii geessuun akka Siyaatilliitti nama heddu kan fe'an keessaa isa tokko. Atoobisoonni sarara lakk.7 daqiiqaa 10niin ykn achii gadiin akka dhufan yaadamanis, sa'aatii hojii seenaniif bahanitti cinqamni karaa atoobisoonni hanga 40% akka barfataniifii hanga 20% daqiiqaa 5 ol akka barfatan isaan godha.

Karaan Reeniyer tiraakota fe'aa daldaltootaatiif baldhina isaatiif kan eeyyamame qofa osoo hin taane, akka magaalatti balaa konkolaataa ol aanaa qaba.


Karoorri Raappiid Raayid kun yeroo qusachuufii amanamummaa isaatii alatti, namoota karaa kana fayyadaman maraaf nageenya uuma.

### KARAA REENIYER AAVENUU SAAWUZII IRRATTI WALITTI DHUFEENYA IJAARUU

Fooyya'ina imaltoota hunda fayyadu barbaanna – miilaan deemtanis ykn atoobisan, konkolaataan ykn saaykiliin. Marii RapidRide irratti goonu waliin wal-qabatee tattaaffii balaa hirdhisuuf, fooyya'ina tajaajila atoobisaa fi konkolaattonni fe'aas akka sosocha'an wantoota haaraa isiniif himna. Gadi fageenyaan beekuuf asitti ilaalaa:

[seattle.gov/Transportation/SoutheastSeattle](http://seattle.gov/Transportation/SoutheastSeattle)

Hanga Eepiriilii 8tti  
Asitti yaada keessan nutti himaa  
[RapidRideRainier.participate.online](http://RapidRideRainier.participate.online)



Kenny fi Henderson jidduu ifaan atoobisni sarara ittiin jijjiiratu Vision Zero jedhamu Birraa kana ni dhufa.

White Center  
Not to Scale  
Data Sources: City of Seattle, King County

- Transit Network**
- RapidRide Rainier Line
  - Other RapidRide
  - Key Connection
  - Link
  - Seattle Streetcar

- Wantoota Karaa Rainier Irratti Dabaluu Danda'an**
- Atoobisaaf ifaa dursa kennu
  - Meeshaa atoobisoota sarara elektriikaa waliin wal qabsiisuu haarroffamee ykn fooyya'ee
  - Karaa atoobisa qofaa ykn daldaltootaa fi karaa geejjibaa akka atoobisoonni dafanii deeman
  - Karaa Wal-qixxeessuu
  - Iddoo karaa qaxxaamuraniin haaraa ykn haarroffame
  - Saaykilootaaf haala mijaawaa

**PROGRAM INFORMATION & CONTACT**

Dawn Schellenberg, SDOT [RapidRide@Seattle.gov](mailto:RapidRide@Seattle.gov)  
(206) 684-5189



Seattle Department of Transportation

MOVE SEATTLE



King County METRO

VISION ZERO  
SAFER STREETS FOR SEATTLE

## WANTOOTA RAAPPIID RAAYID WALIIN DHUFAN

RapidRide Rainier wantootaa gaarii lakk.7 qabu ni qabata, garuu tajaajila ol aanaa King County Metro kenna. Karaa kanaratti wantoota armaan gadii hojiirra oolchuuf karoofataa jirra:


### KARAA ATOOBISAA QOFA

Karaan atoobisa qofaa atoobisoota konkolaattota kaanirraa fageessuun saffisaa fi amanamummaa dabala.



### KAFALTII ATOOBISAA ALAA

Kafaltiin atoobisaan alatti godhamu namoonni kafaluuf akka hin hiriirre waan godhuuf ni saffisiisa.



### MALLATTOO QAROOME

Mallattooleen ifaa qaroomanii dhufan kun atoobisootaaf ifaa magariisa dafanii ibsuun ykn tursiisuun atoobisoonni ifaaratti akka dafanii deeman godha.



### BUUFATA ATOOBISAA FOOYYA'E

Buufattoonni RapifRide sa'aatii atoobisni dhufu kallattiin muldhisan, gaaddisaa guddaa qaban, ifaa fi faadalee biros ni qabu.



### ATOOBISOOTA HAMAYYAA

RapidRide elektriikaan hojjatu nama baay'ee fe'an, waan gabaabbataniifis yaabbiifii irraa bu'uuf salphaadha.




### SAAYKILIIFII MIILAN GEEJIBA QINDEESSUU

Fooyya'inni iddoo qaxxaamura, neeyberhood griinwey fii karaan saaykilii namoonni RapidRide akka dhaqqaban gargaara.




### KARAA WALQIXXEESUU

Atoobisootaafii konkolaattotaaf yeroo barbaachisetti karaa diriirsanii tolchuufii.



## SAGANTAA ADEEMSA PROJEKTICHA



### MAALLAQA/BAASII

Gibirri "MoveSeattle" jedhamu kan waggaa sagalitti guuramu Doolaara Miliyoona \$930 babaldhina RapidRide kanaaf baasii walakkaa ni baasa. SDOT'n King County Metro waliin ta'uun baasii qarqaarsaan akkasumas carraa biro uumuun haala qarshiin gibiraa pirojektii kana guututti fafalu irratti ni hojjatan.

### SARAROOTAA HAARAA RAPIDRIDE KAN MAGAALAA SIYAATIL

Tajaajila atoobisaa saffisaafii daran amanamaa gochuuf, sarara RapidRide torba gara Siyaatil fiduudhaaf King County Metro Transit waliin hojjataa jirra. Neetworkiin RapidRide of fuunduraa kan Siyaatil saitti ilaalaa: [seattle.gov/Transportation/RapidRideExpansion.htm](http://seattle.gov/Transportation/RapidRideExpansion.htm)

#### PROGRAM INFORMATION & CONTACT

Dawn Schellenberg, SDOT RapidRide@Seattle.gov  
(206) 684-5189



Seattle  
Department of  
Transportation

